Namni duuba salaata hundatti Subhaanallaah yeroo soddomii sadii, Alhamdulillaah yeroo soddomii sadii, Allaahu Akbar yeroo soddomii sadii jedhe, kun sagaltamii sagal ta'a, dhibba guutuuf: Laa ilaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lahuu lahul mulku walahul hamdu wa huwa alaa kulli shey'in qadiir jedhe, diliin isaa osoo akka hoomocha galaana bahr ta’ellee dhiifama argateera

Abuu Hureyraa irraa akka odeeffametti Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Namni duuba salaata hundatti Subhaanallaah yeroo soddomii sadii, Alhamdulillaah yeroo soddomii sadii, Allaahu Akbar yeroo soddomii sadii jedhe, kun sagaltamii sagal ta'a, dhibba guutuuf: Laa ilaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lahuu lahul mulku walahul hamdu wa huwa alaa kulli shey'in qadiir jedhe, diliin isaa osoo akka hoomocha galaana bahr ta’ellee dhiifama argateera».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- namni salaata dirqamaa booda akkas jedhe: yeroo soddomii sadii: "Subhaanallaah" Innis Rabbiin hanqina irraa qulqulleessuudha. yeroo soddomii sadi: "Alhamdulillah" Isa jaallachuu fi guddisuudhaan wajji amaloota isaa guutuu ta’aniin Isa faarsuudha. yeroo soddomii sadi: "Allaahu Akbar" Innis Rabbiin waan hundumaa caalaa guddaa fi waan hundaa oli jechuudha. Lakkoofsa dhibbaa guutuuf akkana jedha: " Laa ilaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lahuu lahul mulku walahul hamdu wa huwa alaa kulli shey'in qadiir" Hiikkaan isaas: Haqaan gabbaramaan Rabbii tokkicha hiriyyaa hin qabne malee hin jiru, Isuma qofaatu mootummaa guutuu qaba, waan biroo osoo hin taane inni kan jaalalaa fi guddisuu wajjiin faaruu haqa godhatu yoo tahu, Isa wanni tokko kan Isa dadhabsiisu hin jiru jechuudha. Namni akkas jedhe, diliin isaa baay’ee yoo ta’ellee irraa haqamteeti araarama argata.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/10948